

Walaloo Jaalalaa jaalallee ofiif PDF

Walaloo Jaalalaa jaalallee ofiif 1

- Maal jedheen si waama
- Maqaa siif moggaasee
- Akkamitti si waamu
- Sagalee koo ol kaasee.
-
- Urjiikoo siin jedhuu
- Ishee ifa kennitu
- Dukkana halkanii
- Ishee nuuf ibsitu.
-
- Warqeekoo siin jedhuu
- Isa namni ittin of faayu
- Warqeenuu xiqqoodhaa
- Diamond hin wayyuu.
-
- Albuuda isa addaa
- Naaf gati-jabeettii
- Ati yoomuu anaaf
- Hin qabdu fakkaattii.
-
- Ati utuu filattee
- Maqaa isa siif malu
- Gaafan ittiin si waamu
- Kan baay'ee sitti tolu.
-
- Waan jechaa siif dhabeen
- Maqaa siif barbaada
- Sammuutu siif dhama'ee
- Waan gaarii siif yaadaa.
-
- Jaalala ati naaf kenniteef
- Moggaasi maqaa xiqqoodha
- Olmaa ati anaaf ooltetu
- Anarras baay'eedha.
-
- Gadduukoo koo hin feetuu
- Yaadan na jajjabeessaa
- Hamaa tokko hin qabdu
- Jaalalaan ana tiksaa
- Taphattee yeroo addaa
- Gaafa waliin dabarsinuu
- Miiraa sodaatiin taanee

- Yerotti wal dhungannuu.
-
- Iji Keenya wal sodaatee
- Yeroo keessi gammadu
- Onnee isa onaa ture
- Yeroo jaalalli waadu
- Lubbuukoo kee adda
- Walaloo hin dhumu
- Utuu si jaalladhuu
- Nagaa sitti dhaamuu?
-
- Baay'een si jaalladha
- Jaalala dhugaadhaan
- Nagaayyuu hin argadhu
- Sekoondiif si dhabnaan
- Iddoo addaa qabdaa
- Yoomuu ana keessaa
- Jaalalaan na mootee
- Olaanteema teessa.

Walalo jaalalaaa jaalallee ofif 2

- Jaalala qabnu ture
- Kan nama hawwatu
- Kan namni dubbiidhaaf
- Fakkeenya fudhatu.

- Kan jaalala addaa
- Dhugaan bu'urame
- Kan onneen wal ta'ee
- Walittis hidhame.

- Yeroo waliif boonye
- Adda hin baanu jennee
- Abdiif imimmaaniin
- Yeroo waadaa seenne.

- Kan namni nu beeku
- Yeroo waliin turre
- Yaadannoo jaalalaa
- Waliin keessa tarree.

- Har'a garuu..har'a garuu
- Jaalalli keenyas hafee
- Sidaan jaalala keenyaa
- Yeroo malee kufee.

- Namni nu gidduu seenee
- Oduu sobaa odeessinaan
- Garaan keenya gaddee
- Ani hawwii dhiisnaan.

- Miidhameen miidheeni
- Oduu namaan amanee
- Jaalalleekoo dabarsee
- Nama ormaaf kennee.

- Maal naan jetta hiriyaan
- Sin qaba kan na gorsuu
- Hawwiikoo sobaan dhabee
- Garaan yoomuu nan obsu.

- Kan beektan na gargaaraa
- Hawwiikoo naaf waamaa
- Balleessaakoo taanaan
- Gaafadhee dhiifama.

- Oduun sobaa namaan
- Na buusee mogolee
- Ergan itti yaadee
- Turee anaaf gale.

- Ishee malee duukkana
- Homtuu naan mijatuu
- Hawwiikoo naa fidaa
- Mee bakka isheen jirtuu.

Walalo jaalalaaa jaalallee ofif 3

- An sin yaadu seetee
- An baayyeen si yaadaa
- Jirenya ammaa mitii

- Kan boriif sin barbaada.
- Jaalala salphaa seetee
- Isa sirra na qabe
- Jaalala keessa badeen
- Ofii kooyyuu siif dhabe.
- Akka waan dhiyoo wal barree
- Waliin dubbachuu sodaannaa
- Erga wal biraa gallee
- Yaadaan galaana daakna.
- Waadaa keessa lubbuu
- Hidhaa jaalaala addaati
- Haa odeessan oduu
- Nuti kan waliiti.
- Garuu maanni inni akkasii
- Jaalalli goса maxxannee
- Inni altokko nama qabee
- Onnee namaattii hin baane?

Walalo jaalalaaa jaalallee ofif 4

- Asiif achii ilaaltee
- Abdii maaliif kuttaa?
- Waan beektun fayyadami
- Tarree wallaalatti maa kuftaa?
- Biiftuun lixxee jettee
- Dhiisi hin na'inii
- Har'a sitti fakkaate malee
- Kaayyoo siif qaba inni.
- Bilchina qabaadhu

- Hin ta'in addaaggee
 - Gadi jedhanii dabarfatu
 - Baraa fi furguggee.
-
- Hammi kee xiqqaadha
 - Garuu keessaa waa qabda
 - Aduun hiyyeessaa hin baanee
 - Obsi ni qaqqabdaa.
-
- Miilli si hin gitintirin
 - Ba'l baddaa gaara
 - Umrii malee dulloomtaa
 - Hin baayisin aara.
-
- Waliin imala eegallaa
 - Sittin hima karaa koo
 - Atis natti himadhu
 - Kaayyoo kee yaa garaa koo.